Namni boqoo of rukute, kan uffata cicciree fi kan waamicha wallaalummaa waammate nu irraa miti

Abdullaah bin Mas'uud irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isa irratti haa jiraatu- akkana jedhan: «Namni boqoo of rukute, kan uffata cicciree fi kan waamicha wallaalummaa waammate nu irraa miti».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu- gocha ummanni bara Islaamummaa duraa hojjetan tokko tokko irraa dhoorganii akeekkachiisuun akkana jedhan: Nu irraa miti: Tokkoffaan: Namni boqoo of rukute, boqoo adda baasee wanti dubbateef yeroo hedduu akkas waan godhamuuf jecha, yoo akkas hin jenne fuula hafe rukutuun dhoorgaa keessatti hammatama. Inni lammafaa: sababa abdii murachuu garmaleetiin mataan itti seenuuf uffata cicciruudha. Sadaffaan: nama Kadhannaa ummata bara Islaamummaa duraa kan akka kadhannaa wayyoo jechuu, badiinsa ofitti kadhachuu, nama du'eef sagalee olkaasanii boo’uu fi kkf kadhateedha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/5380